# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 13-04-2011 تاريخ
Date:

Lakk.: 003/stm-abo/2011 رقم
No.:


## Guyyaa Goototaa Ebla 15, Ilaalchisee Ibsa ABO

Ummatni Oromoo guyyaa waanjoo gabrummaa jalatti kufee eegalee haqaa fi walabummaaf jecha qabsoo adeemsiseen wareegama ulfaataa baasaa as gahe. Qabsoo bilisummaa ilmaan Oromoo kitimaa itti tahan kana keessatti murni hawaasaa qooda keessaa hin fudhatiinii fi irratti hin wareegamiin hafe hin jiru. Ilmaan Oromoo murna hawaasaa gara garaa keessatti argaman hundi kabajaa fi jaalala bilisummaa, biyyaa fi ummata isaaniif qabaniin gatii bilisummaan barbaaddu baasaniiru. Qabsoo abbootii keenyaan jalqabamee har'a gahe kanas dhalootni haaraa itti dabree waerrgama qaalii itti baasuu irratti argama. Dhalootni haaraa kunis akkuma hangafoota isaa dhaadannoo **Walabummaa**! **Bilisummaa** fi **Dimokraasii** jedhu kaasee, biyya isaa qaanii, ummata isaa tuffii jalaa baasuuf kan irraa eegamu mara baasaa jira.

Waggoota murtaa'oon dura Ebli 15, guyyaan goototaa qabsaawota dirree jiranii fi deggertoota ABO biyya ambaatti argaman aanjaa itti qabaniin kabajamu qofa akka ture ni yaadatama. Har'a garuu guyyaa ummata Oromoo hunda biratti kabajamuu fi yaadatamu tahee jira. Guyyaa ilmaan Oromoo tokkummaa fi bilisummaa ummata Oromoof, akkasumas, walabummaa Oromiyaaf jecha lubbuu isaanii bakka bu'aa hin qabne itti wareegan kana oggaa kabaju faajjii kufaniif kaasuudhaan galmaan gahuuf waadaa seenne haaromsuun taha. Bakka jirru hundatti guyyaa gootota Oromoo walabummaa biyyaa fi bilisummaa ummata isaaniif jecha kufan oggaa kabajnu kabajaa har'a qabnu kan nuuf argamsiisan, maqaa nutti horan kanneen lubbuu isaanii osoo hin mararfatiin dabarsanii kennan kanneeniin tahuu yaadataa ti.

Qabsoon bilisummaa ummata Oromoo umrii jaarraan lakkaa'amu qaba. Waggoota dheeraa kanneen keessattis fincilootni gosa adda addaa, namootni murtaa'oo keessaa qooda fudhatan, akkasumas, bakka gariitti ammo ummatni hedduminaan keessatti hirmaate adeemsfamaniiru. Finciloota diddaa gabrummaaf adeemsifamanii fi qabsoon bilisummaa fi walabummaaf geggeefame kana keessatti hirmaatnaan ummataa addatti ammo kan qotee bulaa Oromoo bakka ol aanaa kan qabuu fi seenaan yaadatamaa jiraatu dha. Qabsoon bilisummaa Oromoo bifa baranaaween qindaawee hogganummaa ABO erga argateen asittis hirmaatnaan ummata keenyaa dabalaa fi jabaataa dhufe malee hin haphanne. **Hogganootni ABO tokkummaa fi kaayyoon ABO amantii fi naannoon adda hin bahu jechuun wareegama isaan bakka tokkotti baasan dhaloota qabsoo itti fufeef fakkeenya tahuutti dabalee tokkummaa Oromoof bu'ura hin raafamne kaa'an**. Kana irraas hanga ammaatti hogganni ABO, Waraanni Bilisummaa Oromoo,qabsaawotni, dargaggootni, ummatni Oromoo, addatti ammo barattootnii kaayyoo qabsaawotni irratti kufan kana firii itti gochuuf kan irraa eegamu baasuu irratti argaman.

Qabsaawotni Oromoo fi ummatni Oromoo wareegama ulfaataa fi qaalii baroota dheeraaf kan baasan akeeka tokkicha ummata oromoo hunda haammatuuf akka tahe hubatamaa dha. Fedhii fi hawwiin ummata Oromoo kaleessas tahe har'a fuula duraafis taanaan tokkicha. Bilisummaan ummata Oromoo dhugoomuu fedha.Akeekni isaa walabummaan biyyaa mirkaneeffamuu dha. Kaayyoo tokkicha fedhii ummata Oromoo maraa calaqqisu kana bakkaan gahuuf qabsoo hadhaawaatuu adeemsisame. Har'as qabsoo ummata Oromooitti cichuun finiinsaa jira malee irraa hin dhaabbanne. ABO fi Ummatni Oromoo addatti waggoota 20 dabran kana keessa mootummaa gabroomfataa fi abbaa irree, farra bilisummaa fi dimokraasii tahe, Itophiyaa humnaan bitaa jiru kana aangoo siyaasaa irraa kaasuuf ummata

kamiyyuu caalaatti wareegama baaseera. Wareegamni baasaa jiru kan hundumaa irra ulfaataa dha. Wareegamni baay'atus, roorroon heddummaatus ABO fi ummatni Oromoo falmaa hadhooftuu adeemsifamaa jiruun injifannoo galmeeffataa, muyxannoo horataa fi jabeeffataa fuula dura deemuu irratti argaman.

Yeroon ammaa biyyoota baayyee keessatti yeroo sagaleen ummatootaa qabsoo ummatootaan ol aantummaa isaa mirkaneessaa jiru dha. Abbootiin irree ummata tuffataa, bitaa fi saamaa bara baraan jiraachuun kan hin danda'amne tahuun itti mul'ifamaa jiru dha. Baay'ina meeshaa waraanaa fi waraanaan haqa ummataa ukkaamsuu fi ummata jilbeenfachiisuun kan hin danda'amne tahuun wayta itti mirkaneeffamaa jiru dha. Sochiin ummatootaa Gidduu Gala Bahaa fi Kaaba Afriikaatti adeemsifameen kan mirkaneeffame kanuma. Qabsoo ummatootaa biyyoota gara garaa keessatti mul'ataa jiruun ummatootni abbootii irree of irraa qaarisuuf humnaa fi dandeettii itti qabaatuu agarsiisan. Dhumni abbootii irree aangoo siyaasaa haayyama ummataan alatti humnaan irra of tursan, dheekamsa ummataan aangoo humnaan itti cichan irraa salphinaan buufamuu fi biyya dhiisanii baqatuu tahuu mirkaneesse.

Cunqursaa fi saaminsi ummatni Oromoo keessatti argamu, kanneen biyyoota abbootii irree irratti ka'anii of irraa gugsaniin ol hammataa yoo tahe malee gadi miti. Ummatni Oromoos ummatoota cunqurfamoo abbootii irree jalatti dhamaafamaa turanii caalaatti daran lafti isaa saamamee abbootii qabeenyaaf qoodama jiru dha. Saaminsa daangaa olii abbootii irreen qabeenyi isaa saamamee kaan biyyaa alatti baqachiifamaa jira. Hojii dhablummaan babal'atuu irraa hireen hojjatee of jiraachisuu itti dhiphifame hagabfamee mankaraara. Mirgi dimokraasii waan hin kabajamneef kan hin barbaadnee fi hin filleen ajajamuu fi jalatti buluun dirqamee humnaan itti fe'ame dha. Kana waliin qaala'uun jireenyaa beelaaf kan isa saaxilee fi rakkoo furmaata hin arganneen maatii facaasaa jiru dha. Waggaa digdaman darban kana addatti qeeée isaa keessatti hidhamuu, ajjeefamuu, ukkamfamuu fi gara dabarfamuun dangaa darbee jira. Walumaa gala akka sabaatti salphina hamaa keessa seenee jira.

Rakkoolee fi roorroo kanaan olitti ibsamaniin guutummee Impaayerri Itophiyaa addatti ammoo Oromiyaan qilleensa jijjiiramaan bokokaa jiran. Har'a ummatootni Itophiyaa hundi mootummaa abbaa irree Mallas Zeenaawii irraa walaba tahuu barbaadan. Saaminsaa, hidhaa, ajjeechaa fi cunqursaan dhabamee bilisummaa, wal qixxummaa fi sirni dimokraasii dhugoomu hawwan. Kana irraas kanneen akeeka wal fakkaataa qaban caalaatti walitti dhihaataa fi wal hubataa dhufuun mootummaa abbaa irree baaragsaa jira. Hidhaan jumulaa wayta ammaa addatti Oromiyaa keessattii fi bakkoota birootti bal'inaan adeemsifamaa jiru dhiphuu fi soda sochiin ummatoota Itophiyaa farra abbaa irrummaatti bulche irraa madde. Biyyoota halaalaa yakkuu fi miseensotaa fi deggertoota ABO ti jedhanii lammiiwwan fayyaaleeyyii hidhaatti guuruun, akkasumas miseensota jaarmayaalee biroo jumulaan hidhuun afuura qilleensa jijjiirama sirnaa baatee dhufaa jiru kana hanqisuu akka hin dandenye tahiinsi biyyoota nutti dhihoo keessatti mul'atan barnoota kennan; ragaas tahan.

**Waamicha**

Jijjiirama sirnaa hawwamu argamsiisuu keessatti, sochiileen bilisummaa fi dimokraasiif ummata Oromoon addatti ammo dargaggoo Oromoon adeemsifamaa jiru kan hunda jajjabeessuu fi abdachiisu tahuun hin falamsiisu. Haa tahu malee jijjiirraan buqqaasaa

hawwamu kan murna hawaasaa murtaa'aan argamu osoo hin taane hirmaatanaa hundaa gaafata. Kanaaf hawaasni Oromoo hundi harka wal qabatee tokkommaan diina irratti ka'uu qaba. Yeroon ammaa gurmuu ofii jabeeffatanii diina irratti tokkummaan ka'uu gaafata. Akka kanaan duraa wal irratti ilaaluu fi dantaan sobamuun hafee dantaa ummataa fi biyyaa dursuutti fuulleeffatuu kan barbaadu tahuu ABOn gadi jabeessee hubachiisa.
Jijjiirama buqqaasaa ummatni Oromoo fi ummatootni Itophiyaa keessa jiran hundi barbaadan argamsiisuu keessatti wareegama guyyuu qabsaawotni baasaa jiranitti dabalee hirmaatanaan **qeerroolee** qooda murteessaa qabaata. Waan taheef **qeerrooleen Oromoo** bakka jiran maraa harka wal qabatuun mirga dimokraasii fi bilisummaa hawwamu dhugoomsuuf akka hojjatan ABOn **waamicha addaa qeerroo Oromoof** dabarsa.

Kanatti dabalee hawwiin bilisummaa, wal qixxummaa fi dimokraasii kan ummatoota cunqurfamoo hundaa ti. Akkuma ummata Oromoo ummatootni rakkoo fakkaataa qaban ni jiran. Waan taheef ummatni Oromoo ummatoota rakkoo fakkaataa qaban, dimokraasii fi wal qixxummaaf qabsaawan, mirga ummatootaa beekanii fi kabajan tumsaa fi waahela godhachuu irratti hojjatuun umrii bittaa abbaa irrummaa kan gabaabsu tahuu hubatuun akka irratti hojjatu ABOn dhaamsa isaa dabarsaaf.

Dhuma irratti guyyaa gootata bara kanaa oggaa kabajnu waadda kaleessa ummataaf seenne yaadachaa fi haaromsaa, faajjii ilmaan Oromoo fi qabsaawotni Oromoo irratti wareegaman kaasuu dhaan galmaan gahuuf waadaa seenaa, amna nu hafateef of qopheessuun taha. Amna kanas yeroo isaa gabaabsuuf akka hundi keenya alaa fi keessaan wal qabatnee sochoonu waamicha goona.

WBO, Miseenotni ABO , Dargaggootnii fi ummatni keenya ayyaana gootota kana oggaa kabajan gumaan gootota wareegamtoota keenyaa bilsummaa dhugoomsuu fi demokrasii argamsiisuu tahuu qaba jechuudhaan milkaaawina isaatiif hojjatuun akka tahu ABOn irra deebi'ee dhaama.

Gadaan Gadaa Bilsumaa ti!

Injifatnoo Ummta Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo
Ebla 13, 2011